

Waggaa 18^{ffaa} Lak.....162/2005

18ኛ ዓ መት

ቁ ጥር162/2005

18th year

No.....162/2013



FinfinneeAdooleessa 19/2005

ፊንፊኒ.....ሐምሌ 19/2005

Finfinnee.....July 26th, 2013

MAGALATA OROMIYAA

መገለጽ ኦሮሚያ

MEGELETA OROMIA

Gatii Tokkoo _____ ያንዱ ዋጋ _____ Unit Price _____	To'annoo Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin kan Bahe በኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት በጨፌ ኦሮሚያ ጠባቂነት የወጣ	Lakk S. Poostaa _____ ፖ.ሣ. ቁጥር _____ P.O. Box _____
--	---	---

<u>Qabeentaa</u> <u>Dambii Lak. 162/2005</u> Dambii Kolleejjoota Barnoota Barsiisotaa Fiichee fi Adoolaa Hundeessuuf bahe	<u>ማውጫ</u> <u>ደንብ ቁጥር 162/2005</u> የዩኖቹ እና አዶላ መምህራን ትምህርት ኮሌጆችን ለመመሥረት የወጣ ደንብ	<u>Contents</u> <u>Regulation No. 162/2005</u> A Regulation issued for Establishment of Fiche and Adola Colleges of Teachers Education
Akkaataa Labsii Lakk. 163/2003 keewwata 65(1) tiin Dambiin kanatti aanu bahee jira. Kutaa Tokko Tumaalee Waliigalaa 1. Mata Duree Gabaabaa Dambiin kun “Dambii Kolleejjota Barnoota Barsiisota Fiichee fi Adoolaa hundeessuuf Bahe lakk.162/2005” jedhamee waamamuu ni danda’a. 2. Hiika Akkaataan jechichaa hiika	በአዋጅ ቁጥር 163/2003 አንቀጽ 65 (1) መሠረት ይህ ደንብ ወጥቷል። ክፍል አንድ ጠቅላላ ድንጋጌዎች 1. አጭር ርዕስ ይህ ደንብ “የዩኖቹ እና አዶላ መምህራን ትምህርት ኮሌጆችን ለመመሥረት የወጣ ደንብ ቁጥር 162/2005.” ተብሎ ሊጠራ ይችላል። 2. ትርጓሜ የቃሉ አገላብ ሌላ ትርጉም	Now, therefore; in accordance with article 65(1) of proclamation No.163/2011 this regulation hereby issued. Part One General Provisions 1. Short title This regulation may be cited as “A regulation for establishing Fitch and Adola Colleges of Teachers Education No. 162/2013.” 2. Definitions Unless the context requires

biroo kan kennisiisuuf yoo ta'e malee, dambii kana keessatti: 1) “Mana Marii Bulchiinsaa” jechuun Mana Marii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaati. 2) “Biiroo” jechuun Biiroo Barnoota Oromiyaati. 3) “Komishiinii Akkaadaamii” jechuun qaama adeemsa hojii baru fi barsiisuu hoogganu jechuudha. 4) “Boordii” jechuun Dambii kanaan kan hundeeffame qaama ol'aanaa Kolleejjii Barnoota Barsiisotaa gaggeessu jechuudha. 5) “Koree maanajimantii” jechuun koree hojiiwwan Kolleejjicha keessatti guyyaa guyyaan raawwataman gaggeessu jechuu dha. 6) “Leenjii gabaabaa” Jechuun Koollejota barnoota barsiisotaa Naannoo Oromiyaa keessatti argaman rakkoowwan hojii baru fi barsiisuu keessatti mul'atan furuuf sadarkaa barnootaa fooyyessuuf osoo hin ta'in humna raawachiistummaa cimsuuf jecha hanqinnaalee jiran sakatta'uun beekumsaa fi dandeettii dura bu'oota, supparvayzaroota, ogeeyyii barnootaa fi barsiisota sadarkaa 1ffaa fi 2ffaa guutuuf sagantaalee barnootaan wal – barsiisuufii hubannoo uumuuf akkasumas rakkoo hawaasa naannoo	የሚያሰጠው ካልሆነ በስተቀር፤ በዚህ ደንብ ውስጥ፡- 1) “የአስተዳደር ምክር ቤት” ማለት የኦሮሚያ ክልል መንግስት ምክር ቤት ማለት ነው፤ 2) “ቢሮ” ማለት የኦሮሚያ ትምህርት ቢሮ ማለት ነው፤ 3) “የአካዳሚ ኮሚሽን” ማለት በኮሌጆች ውስጥ የመማር ማስተማሩን ሂደት የሚመራ አካል ማለት ነው፤ 4) “ቦርድ” ማለት በዚህ ደንብ የሚቋቋምና የመምህራን ትምህርት ኮሌጆችን በበላይነት የሚያስተዳድር አካል ማለት ነው፤ 5) “የማኔጅመንት ኮሚቴ” ማለት በኮሌጁ ውስጥ አለት በአለት የሚከናወኑትን ተግባራት የሚመራ ኮሚቴ ማለት ነው፤ 6) “አጭር ሥልጠና” ማለት በአሮምያ ክልል ውስጥ የሚገኙ የመምህራን ትምህርት ኮሌጆች በመማር ማስተማሩ ሥራ ውስጥ የማታዩ ችግሮችን ለመቅረፍ ሲባል የትምህርት ደረጃን ለማሻሻል ሳይሆን የትግበራ አቅምን ለማጠናከር ያሉትን ክፍተቶች በመፈተሽ የአመራሮችን 'ሱፐር ቫይዘሮችን' 'የ1ኛ እና 2ኛ ደረጃ የትምህርት ባለሙያዎች እና መምህራኖችን ዕውቀትና ችሎት ለማዳበር ከተለያዩ የትምህርት ኘርግራሞች ጋር ለማስተዋወቅና ግንዛቤን ለመፍጠር እንዲሁም በኮሌጆች አካባቢ ያለውን	otherwise, in this regulation: 1) “The Administrative Council” means the Administrative Council of Oromia Regional State. 2) “Bureau” means Oromia Education Bureau. 3) “Academic Commission” means the body in charge of leadership of the teaching-learning process of a college. 4) “Board” means the body granted the highest leadership power of the college as established by this regulation. 5) “Management Committee” means the committee that manages the daily activities of the college. 6) “Short Term Training” means a training provided for a short period with a view to avert a problems prevailing in the teaching learning activities of the teachers education colleges found in Oromia Regional state, not to upgrade educationla level, rather to promote the performance capacities of the heads,supervisors,educat ional experts and all 1st and 2nd level teachers given by identifying the existing problems so as to develope their
--	--	---

Koolleejjotaa furuuf yookiin hiikuuf leenjii yeroo gabaabaa ta'ee kennamuudha. 7) “Nama” jechuun nama uumamaan ykn seeraan qaamni seerummaa kenneameef jechuu dha. 3 Ibsa Koorniyaa Dambii kana keessatti jechi koorniyaa dhiiraatiin ibsame dubartiis ni dabalata. 4 Hundeeffamaa fi Itti Waamama 1) Kolleejjiin Barsiisota Fiichee kanaan booda “Kolleejjii” jedhamee kan waamamu dambii kanaan hundeeffamee jira. 2) Kolleejjiin Barsiisota Adoolaa kanaan booda “Kolleejjii” jedhamee kan waamamu dambii kanaan hundeeffamee jira. 3) Itti waamamni Kolleejjota kanaa Biiraa Barnoota Oromiyaatiif ta’a. 5 Kaayyoo 1) Barnoota sanyii, koorniyaa, amantii fi loogii kamirraayyuu bilisa ta’e, walqixxummaa fi ulfina dhala namaa cimsu kennuu. 2) Yaadni kabaja hojii fi badhaadhina uummataa tarkaanfachiisu akka dagaagu taasisuu. 3) Rakkoolee dhimma barnootaa waliin walqabatan irratti qorannaa fi qo’annaa saayinsaawaa adeemsisuu fi bu’aa faayidaa qabeessa	የሕብረተሰብ ችግር ለመቅረፍ /ለመፍታት/ ለአጭር ጊዜ የሚሰጥ ሥልጠና ማለት ነው። 7) “ሰው” ማለት በተፈጥሮ ወይም በህግ አካል ህጋዊ ሰውነት የተሰጠው ነው፤ 3. የፆታ መግለጫ በዚህ ደንብ ውስጥ በተባለች ጾታ የተጠቀሰው ቃል እንስትንም ይመለከታል። 4. ምስረታና ተጠሪነት 1) ከዚህ በኋላ “ኮሌጅ” ተብሎ የሚጠራ የፍቺ መምህራን ትምህርት ኮሌጅ በዚህ ደንብ ተመሥርቷል። 2) ከዚህ በኋላ “ኮሌጅ” ተብሎ የሚጠራ የአዶላ መምህራን ትምህርት ኮሌጅ በዚህ ደንብ ተመሥርቷል። 3) የነዚህ ኮሌጆች ተጠሪነት ለአሮምያ ትምህርት ቢሮ ይሆናል። 5. ግላማ 1) ከዘር፣ ከፆታ፣ ከእምነትና ከማናቸውም አድላዊነት ነፃ የሆነ፣ የሰው ልጅን እኩልነትና ክብር የሚያጠናክር ትምህርት መስጠት፤ 2) የሥራ ክብርነትንና የህብረተሰብን ብልፅግና የሚያራምድ አስተሳሰብ እንዲስፋፋ ማድረግ፤ 3) ከትምህርት ጋር ግንኙነት	knowledge and skill and to introduce and aware them with educational programmes as will as to avoid the problems of societies around the college. 7) “Person” means any physical or juridical person. 3. Gender Reference Provisions of this proclamation set out for a masculine gender shall also apply to the feminine gender. 4. Organization and Accountability 1) Fitch College of Teachers Education hereafter called “college” shall be established by this regulation. 2) Adola College of Teachers Education hereafter called “college” shall be established by this regulation. 3) The colleges shall be accountable to Oromia Education Bureau. 5. Objectives 1) Provide education that is free from segregation of race, from gender and religion and strengthens equality and dignity of mankind; 2) to enable development of the values that enhance respect for work and prosperity of the people;
---	--	---

ta'e tamsaasuu. 4) Ogeeyyii barnootaa adeemsa baruu fi barsiisuu keessatti aadaa uummataa wajjin walsimsiisuun sirna barnoota sadarkichaa gabbisuuf dandeettii qo'annaa fi qorannaa qaban fooyyessuu. 5) Ogeeyyii barnootaa guddinaa fi misooma biyyaatiif kutannoodhaan dhaabbatan, mul'ataa fi yaada bilchaataa qaban horachuu. 6) Ogummaa barsiisummaatiin cinatti sagantaalee a7dda addaan leenjiiwwan biroo guddina hawaasaaf tumsa taasisan babal'isuu. 6 Sagantaalee Barumsaa 1) Barumsii fi leenjiin kolleejjoota kanaan kennaman sagantaalee idilee, gannaa fi galagalaa ni qabaata; Kunis hayyama Birootiin ta'a. 2) Kolleejjootni kun akka barbaachisummaa isaatti leenjiiwwan gaggabaaboo kennuu ni danda'u. 7 Afaan Barumsaa 1) Afaanni hojii kolleejjota kanaa Afaan Oromoo ta'ee, gosootni barnootaa Afaan Amaaraa fi Afaan Ingiliffaan kan kennaman ta'a. 2) Leenjiiwwan gaggabaaboo akkumabarbaachisummaai saatti Afaan mija'aa ta'een kennuu ni danda'u. Kutaa Lama	ባላቸው በተገዳኙ ችግሮች ላይ ሳይንሳዊ ጥናትና ምርምር ማካሄድና ውጤታማ ግኝቶችን ማስራጨት፤ 4) በመማር-ማስተማር ሂደት ውስጥ የደረጃውን ስርዓተ ትምህርት ከህብረተሰቡ ባህል ጋር በማዛመድ ለማሻሻል የሚያስችል ጥናትና ምርምር የማካሄድ ችሎታ ያላቸውን የትምህርት ባለሙያዎች ማሻሻል፤ 5) ለሀገር ዕድገትና ልማት በቁርጠኝነት የሚቆሙ ራዕይ ያላቸውና በላል አመለካከት ያላቸውን የትምህርት ባለሙያዎችን ማፍራት፤ 6) ከማስተማር ሙያ በተጓዳኝነት በተለያዩ መርሃግብሮች ሌሎች ለማህበራዊ እድገት አስተዋጽኦ ያላቸውን ሥልጠናዎች ማስፋፋት፡፡ 6. የትምህርት መርሃግብሮች 1) በነዚህ ኮሌጆች የሚሰጡ ትምህርትና ስልጠናዎች የመደበኛ፣ የክረምትና የማታ መርሃግብሮች ይኖራቸዋል፡፡ ይህም በኦሮሚያ ትምህርት ቢሮ ፈቃድ ይሆናል፡፡ 2) ኮሌጆቹ እንዳስፈላጊነቱ	3) Conduct scientific research on problems related to educational issues and disseminate important findings; 4) Improve skilled educational staff that have the capacity to do research that matches with the people's culture and improves the level of education; 5) Produce educational staff that is visionary, knowledgeable and committed to the country's development and prosperity; 6) Expand various training programs that contribute to social development side by side with the teaching profession. 6. Educational Programs 1) The teaching and training activities offered by the colleges will be carried out in regular, evening and summer programs. This is carried out based on approval from Oromia Education Bureau. 2) The colleges can offer short-term trainings as necessary. 7. Language of Instruction 1) The language of instruction of these colleges will be Afan Oromo, English and Amharic language
---	---	---

Gurmaa'ina, Aangoo fi Hojii Qaamota Bulchiinsa Kolleejjotaa 8 Aangoo fi Hojii Kolleejjotaa Tokkoon tokkoon kolleejjotaa kanaa aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaatu 1) Sagantaa barnootaa, leenjii fi qorannaa kan barsiisummaa fi ogummaa barnootaa sadarkichaatiif gahumsa gonfachiisu qopheessuudhaan hojiirra ni oolcha; 2) Kolleejjicha keessatti waltajjiiwwan marii fi qorannoon idilee ta'e hawaasa kolleejjichaa jidduutti akka cimuu fi sochii kanaan rakkoo kolleejjicha keessatti uumamu hiikuu fi akkasumas naamusa barattootaa ijaaruu fi fooyyessuun aadaan dimookraasii akka babal'atu ni taasisa; 3) Hujaarsa, Walargii fi Kora simpooziyeemii adda addaa ni qopheessa, kan qophaa'e irratti ni hirmaata; 4) Ulaagaa barbaachisaa fi gahaa ta'e qopheessuudhaan namoota leenjiidhaaf gahumsa qaban ni filata; 5) Hojiirra oolmaa paakeejii mirkaneeffannaa qulqullina barnootaa waliigalaa ni deeggara; hojii irra oolmaa isaa ni hordofa; 6) Waraqaa ragaa barnootaa fi leenjichaaf ta'u	አጫጭር ስልጠናዎችን መስጠት ይችላሉ። 7. የትምህርት ቋንቋ 1) የነዚህ ኮሌጆች የሥራ ቋንቋ አፋን ኦሮሞ ሆኖ የአማርኛ እና የእንግሊዘኛ የትምህርት ዓይነቶች በአማርኛ እና በእንግሊዘኛ ቋንቋ ይሰጣሉ። 2) አጫጭር ሥልጠናዎችን እንደ አስፈላጊነቱ ምቹ በሆነ ቋንቋ መስጠት ይችላሉ። ክፍል ሁለት የኮሌጆች አስተዳደር አደረጃጀት፣ ስልጣንና ተግባር 8. የኮሌጆች ስልጣንና ተግባር እያንዳንዱ ኮሌጅ የሚከተሉት ስልጣንና ተግባር ይኖረዋል። 1) ለደረጃው የሚመጥን የማስተማርና የትምህርት ዘርፍ እውቀት የሚያጎናጽፍ የትምህርት፣ የስልጠናና የምርምር መርሃ-ግብር በማዘጋጀት ስራ ላይ ያውላል፤ 2) በኮሌጁ ውስጥ የውይይት መድረኮችና መደበኛ የሆነ ምርምር እንዲጠናከርና በዚህም እንቅስቃሴ በኮሌጁ ውስጥ ሊፈጠር የሚችልን ችግር መፍታት፤ እንዲሁም፣ የተማሪዎችን ስነምግባር	education is given by English and Amharic languages. 2) Short-term trainings can be conducted in the language that is found convenient. Section Two Organization, Power and Duties of Administrative Bodies of the Colleges 8. Power and Duties of the Colleges Each of the colleges shall have the following power and duties: 1) Prepare and implement educational program, training and research that can ensure the professional competence required for the educational level, 2) Cause discussion forums and researches to be strengthened and solve problems which may occur in the college as well as build and improve the discipline of the students so as to expand democratic culture in the college, 3) Organize and participate on organized workshops, seminars and symposia, 4) Prepare appropriate and adequate criteria to select capable trainers for training, 5) Support and follow up the implementation of
---	---	---

akkasumas madaaliyaa, badhaasaa fi taayitaa bu'aa hojii olaanaatiif ta'u qopheessuun ni kenna; 7) Kutaalee qo'annaa fi qorannaa barnootaa ni gurmeessa, ni jajjabeessa; 8) Dhaabbilee barnoota biyya keessaa kaayyoon wal-fakkaatan waliin quunnamtii ni uuma, 9) Barruulee barnootaa qopheessuun bu'aa qo'annaa fi qorannoo adda addaa irratti maxxansiisuun ni raabsa; 10) Tooftaalee adda addaatti fayyadamuun galii keessaa ni gabbisa, ni sassaaba, seera itti fayyadama galii eegee hojii irra ni olcha, 11) Tajaajila ogummaa kenameef kaffaltii tajaajilichaan walgitu ni kaffalchiisa, 12) Barumsaa fi leenjii hirmaachisaa ta'e, haala qabatamaa naannoorratti hunda'ee fi rakkoo hiikuu danda'u ni kenna, 13) Biiroo fi Boordiin mirkaneessisuun kolleejjicha ni babal'isa, caasaa ni sirreessa, 14) Qorannoowwan rakkoolee hawaasaa hiikuu danda'an ni gaggeessa, bu'aawwan argaman ni tamsaasa, 15) Leenjiiwwan dandeettii fi beekumsa cimsan ni kenna, 16) Akkaataa seeraatiin barsiisota akkaadamii Biiroo irraa ramadamaniif ni qacara, hojjettoota	በመገንባትና በማሻሻል ዲሞክራሲያዊ ባህል እንዲስፋፋ ያደርጋል፤ 3) የተለያዩ ዎርክሾፖችን፤ ሴሚናሮችንና ሲምፖዝየሞችን ያዘጋጃል፤ በተዘጋጀውም ላይ ይሳተፋል፤ 4) አስፈላጊና በቂ መስፈርት በማዘጋጀት ለስልጠናው ብቃት ያላቸውን ሰዎች ይመለምላል፡፡ 5) አጠቃላይ የትምህርት ጥራት ማረጋገጫ ፖሊሲዎችን ትግበራ ይደግፋል' መተግበራቸውን ይከታተላል፡ 6) ለትምህርትና ሥልጠና የሚሆን የምስክር ወረቀት፤ እንዲሁም ሜዳልያ፤ ሽልማትና ለከፍተኛ የሥራ አፈጻጸም የሚሆን ማዕረግ በማዘጋጀት ይሰጣል፤ 7) የትምህርት ጥናትና ምርምር ክፍሎችን ያደራጃል፤ ያበረታታልም፤ 8) ተመሳሳይ አላማ ካላቸው የሀገር ውስጥ የትምህርት ተቋማት ጋር ግንኙነት ይፈጥራል፤ 9) የትምህርት መጽሔት በማዘጋጀት የተለያዩ የጥናትና ምርምር ውጤቶች	packages for ensuring quality education, 6) Prepare and grant educational and training certificates, as well as medal, prizes and promotions for highly valued achievement, 7) It will organize and promote educational research units, 8) Makes work relation with local educational organizations which have similar objectives with the college, 9) Prepare educational bulletin and print various research results on it, disseminate same, 10) Use different means to develop its income, collect same, use its income as per the law, 11) Receive appropriate fee for the professional service it renders, 12) Give training that is participatory, based on the regions objective situation and problem solving, 13) Enlarge and restructure the college upon approval of the bureau and the board, 14) Conduct research that can solve the problem of the society, disseminate its finding, 15) Give trainings that improve skill and knowledge, 16) Employ academic
--	--	--

bulchiinsaa ni qacara, ni bulcha, hojjattoota qaama midhamtootaaf xiyyeeffanaa addaa ni kenna, 17) Misooma hawaasa naannoo deeggaruuf qo'annoo fi qorannoo ni gaggeessa. 18) Barsiisotaaf guddina sadarkaa akkaadamii ni kenna. 19) Barnoota amantaa irraa bilisa ta'e ni kenna, 20) Leenjifamtoota dubartootaatiif deeggarsa addaa ni taasisa. 21) Gahumsa barsiisota sadarkaa tokkoffaa fi lammaffaa sakatta'uun dhimmoota fooyya'uu qaban irratti leenjii gaggabaabaa ni kenna 9 Gurmaa'ina Kolleejjotaa Tokkoon tokkoon Kolleejjotaa gurmaa'ina armaan gadii ni qabaata; 1) Boordii, 2) Koree Manaajimentii, 3) Diinii fi Abbaa Adeemsa Hojii Leenjii, 4) Komishinii Akkaadaamii, 5) Hojjettoota akkaadaamii fi hojjettoota bulchiinsaa ni qabaatu. 10 Miseensoota Boordii Kolleejjotaa 1) Tokkoon tokkoon Boordii Kolleejjotaa Miseensota armaan gadii ni qabaatu. (a) Bulchaa Godinaa ----- Walitti qabaa. (b) Bakka bu'aa Biiroo ----- ---Miseensa (c) Itti gaafatamaa Waajjira	እንዲታተሙበት ያደርጋል፤ 10) የተለያዩ ስልቶችን በመጠቀም የውስጥ ገቢን ያሳድጋል፤ ይሰበስባል፤ የገቢ አጠቃቀም ስርዓትን በመጠበቅ ሥራ ላይ ያውላል፤ 11) ለተሰጠ የሙያ አገልግሎት ተመጣጣኝ ክፍያ ያስከፍላል፤ 12) አሳታፊ የሆነ ፤ በክልሉ ተጨባጭ ሁኔታ ላይ የተመሰረተና ችግር መፍታት የሚችል ትምህርትና ስልጠና ይሰጣል፤ 13) ቢሮንና ቦርዱን በማስጸደቅ ኮሌጁን ያስፋፋል ፤ መዋቅርም ያስተካክላል፤ 14) የህብረተሰቡን ችግሮች የሚፈቱ ምርምሮችን ያካሄዳል፤ የተገኙትንም ውጤቶች ያስራጫል፤ 15) ክህሎትንና እውቀትን የሚያጎለብቱ ስልጠናዎችን ይሰጣል፤ 16) በቢሮ የሚመደቡለትን የአካዳሚ መምህራን በሀገራዊ መስረት ይቀጥራል፤ የአስተዳደር ስራተኞችን ይቀጥራል፤ ያስተዳድራል፤ ለአካል ጉዳተኛ ስራተኞች የተለየ ትኩረት ይሰጣል፤	teachers assigned by the Bureau as per the law, employ administrative workers, manage same, give special attention for physically-disabled workers, 17) Conduct research to support the development of surrounding community, 18) Give teachers academic promotion, 19) Provide secular education, 20) Provide special support for female trainees, 21) Assess the capacity of primary and secondary school teachers and give short term training on issues that need to be improved. 9. Organization of the Colleges Each of the colleges shall have the following organization: 1) Board, 2) Management committee, 3) Dean and Owner of the Training Process, 4) Academic Commission, 5) Academic and administrative Staff. 10. Board members of the colleges 1) Each board of the colleges has the following members: (a) Zone administrator Chairperson, (b) Representative of the Bureau
---	--	--

Barnoota Godinaa ~~~~~ - Miseensa (d) Itti gaafatamaa Waajjira Maallaqaa fi Misooma Dinagdee Godinaa ~~~~~ ~~~~~Miseensa (e) Itt gaafatamtuu waajjira dhimma Dubartootaa fi Daa'immanii Godinaa ~~~~~ ~~~ miseensa. (f) Diinii Kolleejjichaa ~~~~~ Miseensaa fi barreessaa. 2) Biirtoon miseensoota boordii akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa. (1) tiin moggaafaman hojii akka eegalan xalayaadhaan ni beeksisa. 11 Aangoo fi Hojii Boordii Kolleejjotaa Itti waamamni Boordiiwwan Kolleejjotaa Biiroodhaaf ta'ee aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaatu:- 1) Qajeelfama akkaadaamii fi bulchiinsa Kolleejjichaa ni baasa, hojiirra oolmaasaas ni hordofa. 2) Chaarterii kolleejjichi ittiin bulu ni qopheessa, ni mirkaneessisa, hojiirra oolmaasaas ni hordofa. 3) Hojjettoonni akkaadaamii fi hojjettoonni bulchiinsa kolleejjichaa bu'uura seera barnoota ol'aanaa fi Seera Hojjettoota Mootummaa Naannichaatiin qaxaramuu isaanii ni mirkaneessa, ni hordofa, 4) Karoorra hojii fi baajata Kolleejjichaa ilaalee qaama dhimmi ilaalutti ni dabarsa,	17) የአካባቢውን ማህበረሰብ ልማት ለመደገፍ ጥናትና ምርምር ያካሄዳል፤ 18) ለመምህራን የአካዳሚ የደረጃ እድገት ይሰጣል፤ 19) ከዕምነት ነጻ የሆነ ትምህርት ይሰጣል፤ 20) ለሴት ሰልጣኞች ልዩ እገዛ ያደርጋል፡፡ 21) የአንደኛና ሁለተኛ ደረጃ መምህራንን ብቃት በመገምገም መሻሻል ባለባቸው ጉዳዮች ላይ አጫጭር ስልጠናዎችን ይሰጣል፡፡ 9. የኮሌጆች አደረጃጀት እያንዳንዱ ኮሌጅ የሚከተሉት አደረጃጀቶች ይኖሩታል፡፡ 1) ቦርድ፤ 2) የማኔጅመንት ኮሚቴ፤ 3) ዲንና የስልጠና የስራ ሂደት ባለቤት፤ 4) የአካዳሚ ኮምሽን፤ 5) የአካዳሚና የአስተዳደር ሰራተኞች ይኖሩታል፡፡ 10. የኮሌጆች የቦርድ አባላት 1) የእያንዳንዱ ኮሌጅ ቦርድ የሚከተሉት አባላት ይኖራቸዋል፡፡ (ሀ) የዞን አስተዳዳሪ----- -----ሰብሳቢ፤ (ለ) የቢሮ ተወካይ ---- ----አባል፤ (ሐ) የዞን ትምህርት	Member, (c) Head of the Zone's Education Office Member, (d) Head of the Zone's Finance and Economic Development office ... Member, (e) Head of the Zone's Women and Childern affairs office ...Member, (f) Dean of the collegeMember and secretary. 2) The Bureau shall notify the board members named under sub article 1 with an official letter to start their job. 11. Power and Duties of the Board of the Colleges Each board of the colleges shall be accountable to the Bureau. Each of the board shall have the following powers and duties:- 1) Prepare academic and administrative guidelines and follow up its implementation, 2) Prepare and cause to be approved charter by which the college is managed, follow up its implementation, 3) Ascertain and follow up whether the employment of academic and administrative employees is undertaken according to laws of higher education organs
--	--	---

yammuu hayyamamus raawwii isaa ni hordofa, 5) Diinii fi Abbaa Adeemsa Hojii Leenjii Kolleejjichaa Biiroodhaaf dhiyeessuun muudama isaanii ni raggaasisa, 6) Asxaan Kolleejjichaa akka qophaa'u ni taasisa, 7) Sagantaan barnootaa, leenjii fi qorannoon faayidaa uummata naannichaarratti hundaa'ee qophaa'uusaa fi kaayyoosaa eeggatee hojiirra ooluusaa ni to'ata, 8) Kolleejjichi kaffaltii tajaajiila adda addaatiif kaffalchiisu ni murteessa, ni to'ata, 9) Seerri Hojjettoota Mootummaa akkuma eegametti ta'ee, murtii koree manajimantiitiin darberratti komii dhiyaate ilaalee ni murteessa, 10) Waliigaltee akkaadaamiin kolleejjichaa dhaabbilee barnootaa adda addaa waliin taasisu akka barbaachisummaasaatti ilaalee ni mirkaneessa, 11) Muudama, guddina akkadaamii fi badhaasa barsiisotaa fi hojjattoota akkaadaamii komishiinii akkaadaamiitiin dhiyaateef ilaalee ni mirkaneessa, hojiirra ooluusaas ni hordofa, 12) Raawwii hojii Kolleejjichaa ilaalchisee Biiroodhaaf gabaasa ni dhiyeessa, 13) Qajeelfama sirna hojimaata	ቢሮ ኃላፊ----- አባል፤ (መ) የዞን ገንዘብና ኢኮኖሚ ልማት ቢሮ ኃላፊ ----- አባል፤ (ሠ) የዞን የሕፃናት እና ሴቶች ጉዳይ ጽሕፈት ቤት ኃላፊ -----አባል (ረ) የኮሌጁ ዲን----- ----አባልና ጸሐፊ። 2) ቢሮ በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ (1) መሠረት የተሠየሙት የቦርዱ አባላት ሥራ እንዲጀምሩ በደብዳቤ ያሳውቃል። 11.የኮሌጆች ቦርድ ስልጣንና የስራ ድርሻ የየኮሌጆች ቦርድ ተጠሪነት ለቢሮ ሆኖ የሚከተሉት ስልጣንና የስራ ድርሻዎች ይኖሩታል። 1) የኮሌጁን የአካዳሚና የአስተዳደር መመሪያ ያወጣል፤ ስራ ላይ መዋሉንም ይከታተላል። 2) የኮሌጁን ቻርተር ያዘጋጃል፤ ያስፀድቃል፤ ስራ ላይ መዋሉንም ይከታተላል፤ 3) የኮሌጁ የአካዳሚና የአስተዳደር ሰራተኞች በከፍተኛ ትምህርት ተቋማት ህግና በክልሉ የመንግስት ሠራተኞች ህግ መሰረት መቀጠራቸውን ያረጋግጣል፤	and employment laws of the region, 4) Examine the college's work and budget plan, transfer same to concerned bodies, follow up its implementation upon approval, 5) Propose and present Dean and Training Process Owner of the college the to Bureau, approve their designation, 6) Cause the emblem of the college to be prepared, 7) Monitor whether education, training and research program's are prepared based on the interest of the people of the region and implemented in accordance with their objective, 8) Determine and monitor payments for different services, 9) Without prejudice to employment laws, it examines and make decisions on complaints over the decisions passed by the management committee, 10) Approve academic contracts made with different educational institutions as necessary, 11) Approve the appointment, academic promotion and award of teachers and personnel proposed by the
--	---	--

isaa ni baafata. 12 Miseensota Koree Maanaajimentii 1) Tokkoon tokkoon Koree Maanaajimantii Kolleejjotaa miseensota armaan gadii ni qabaatu (a) Diinii Kolleejjii ----- Walitti qabaa. (b) Abbaa Adeemsa Hojii Leenjii----- Miseensa (c) Abbaa Adeemsa Hojii Bittaa fi Bulchiinsa Faayinaansii ---- Miseensa (d) Dhimma Korniyaa ----- Miseensa (e) Abbaa Adeemsa Hojii Bulchiinsa Humna NamaaMiseensaa fi barreessaa 2) Kolleejjiiichi akka barbaachisumaa isaatti miseensota koree maanaajimantii dabaluu ni danda'a. 13 Aangoo fi Hojii Koree Maanaajimantii Kolleejjotaa Itti waamamni tokkoon tokkoon Koree Maanaajimantii Kolleejjotaa Boordiidhaaf ta'ee aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaatu. 1) Karoora hojii fi baajata kolleejjichaa ilaaluun qaama ilaallatuuf akka dhiyaatu ni taasisa; yommuu mirkanaa'e hojii irra ni oolcha. 2) Dhimmoota sadarkaa isaatti	ይከታተላል፤ 4) የኮሌጁን የሥራና ባጀት እቅድ ተመልክቶ ለሚመለከተው አካል ያስተላልፋል፤ ሲፈቀድም አፈጻጸሙን ይከታተላል፤ 5) የኮሌጁን ዲንና የስልጠና የስራ ሂደት ባለቤትን ለቢሮ በማቅረብ ሹመታቸውን ያስፀድቃል፤ 6) የኮሌጁ አርማ እንዲዘጋጅ ያደርጋል፤ 7) የትምህርት፣ የስልጠናና የጥናት መርሃግብር የክልሉን ህዝብ ጥቅም መሰረት አድርጎ መዘጋጀቱንና አላማውን ጠብቆ ሥራ ላይ መዋሉን ይቆጣጠራል፤ 8) ኮሌጁ ለተለያዩ አገልግሎቶች የሚያስክፍለውን የክፍያ መጠን ይወስናል፤ ይቆጣጠራል፤ 9) የመንግስት ሰራተኞች አስተዳደር ህግ እንዲተጠበቅ ሆኖ በማኔጅመንት ኮሚቴ በሚሰጥ ውሳኔ ላይ የሚቀርብን ቅሬታ በመመልከት ይወስናል፤ 10) ኮሌጁ ከተለያዩ የትምህርት ተቋማት ጋር የሚያደርጋቸውን የአካዳሚ	academic commission, follow up its implementation 12) Present report to the Bureau concerning the college's work performance, 13) It will set up guidelines of its own operational system. 12. Members of the Management Committee 1) The management committee of each of the college has the following members:- (a) Dean of the collegechairperson, (b) Training Process Owner Member, (c) Financial Management and Purchasing Process Owner member, (d) Gender Affairs Member, (e) Human Resource Management Process OwnerMember and Secretary. 2) The college may increase the number of management members as necessary. 13. Power and Duties of management committee of the colleges Each of the colleges management committee shall be accountable to the Board and have the
--	---	--

murtaa'uu qaban irratti murtee ni kenna, 3) Seerrii fi sirni naamusa kolleejjotaa kabajamee haalli baruu fi barsiisuu tasgabbiidhaan naamusa qabatee akka gaggeeffamu ni taasisa. 4) Naamusa barattootaa, hojjettootaa fi barsiisotaa ilaalchisee, yaada murtii koree naamusaan dhihaatu ilaalee ni mirkaneessa. 5) Gabaasa raawwii hojii Biiroo fi Boordiidhaaf ni dhiyeessa. 6) Quunnamtiin Kolleejjichi dhaabbilee barnoota biroo waliin taasisu akka cimu, haala mija'aa qoratee Boordichaa ni dhiyeessa, yommuu mirkanaa'u hojiirra ni oolcha. 7) Badhaasaa fi guddina sadarkaa barsiisotaa qoratee Boordiidhaaf ni dhiyeessa; yammuu hayyamamu hojiirra akka oolu ni taasisa, 8) Filannoo Abbootii Adeemsa Hojii gaggeessuun Boordiidhaaf ni dhiyeessa, 9) Rakkoolee barnootaa fi leenjii qoratee Boordiidhaaf ni dhiyeessa, 10) Hojii biroo Boordiidhaan kennamuuf ni raawwata. 14 Miseensota Komishinii Akkaadaamii Kolleejjotaa Tokkoon tokkoon Komishinii Akkaadaamii Kolleejjotaa miseensota armaan gadii ni qabaatu 1) Diinii Kolleejjichaa ~~~~~	ስምምነቶችን በመመልከት እንደ አስፈላጊነቱ ያፀድቃል፤ 11) በአካዳሚ ኮምሽን የሚቀርብለትን ሹመት፣ የአካዳሚ እድገትና የመምህራንና የአካዳሚ ሰራተኞችን ሽልማት በመመልከት ያፀድቃል፤ ስራ ላይ መዋሉንም ይከታተላል፤ 12) የኮሌጁን የስራ አፈጻጸም በተመለከተ ለቢሮ ዘገባ ያቀርባል፤ 13) ለራሱ የሚመራበትን የሥራ ሂደት መመሪያ ያዘጋጃል፡፡ 12. የማኔጅመንት ኮሚቴ አባላት 1) የእያንዳንዱ ኮሌጅ የማኔጅመንት ኮሚቴ የሚከተሉት አባላት ይኖሩታል፡- (ሀ) የኮሌጁ ዲን----- ሰብሳቢ፤ (ለ) የስልጠና የስራ ሂደት ባለቤት፣----- ---አባል፤ (ሐ) የግዢና የፋይናንስ አስተዳደር የስራ መሂደት ባለቤት--- አባል፤ (መ) የሥነ-ፆታ ጉዳይ-- --አባል፤ (ሠ) የሰው ኃይል አስተዳደር የስራ ሂደት ባለቤት----- አባልና ፀሓፊ፤ 2) ኮሌጁ እንዳስፈላጊነቱ ተጨማሪ አባላትን ሊያካትት	following powers and duties:- 1) Examine the college's work and budget plan, cause same to be presented to concerned bodies and implement upon approval, 2) Make decisions on the issues to be decided at their level, 3) Make the laws and deciplines of the college to be respected and the teaching learning activity to be undertaken peacefully in a deciplined manner, 4) Examine and approve the decisions presented to it by the Discipline Committee concerning disciplinary matters of students, teachers and other personnel, 5) Present work report to the Bureau and the Board, 6) Study and present to the board favourable conditions to strengthen the college's communication with other educational organizations, implement up on approval, 7) Study and present to the board prizes and promotion to be granted to the teachers, cause to be implemented upon approval, 8) Undertake nomination of
---	---	---

----- Walitti qabaa 2) Abbaa Adeemsa Hojii Leenjii Kolleejjichaa ----- Barreessaa 3) Ittigaafatamtoota Muummee Barnootaa ----- Miseensa 4) Kaawunsilii barattoota idilee irraa namoota lama --- Miseensa (tokko dubartii ta'uu qabdi 5) Hojjattoota akkaadaamii dhaabbataa ta'an keessaa koree manajimantiin kan filatame nama tokko ----- miseensa 15 Ulaagaa Filannoo Miseensota Komishinii Akkaadaamii 1) Miseensonni Komishinii akkaadamii ulaagaalee armaan gadiitiin kan filataman ta'a. (a) Naamusa hojii gaarii kan qaban, (b) Jijjiiramaaf kaka'umsaa fi kutannoo kan qabanii fi fakkeenya gaarii ta'uu kan danda'anii fi (c) Raawwiin hojii isaanii ol'aanaa kan ta'e. 2) Filannoon miseensota Komishinii Akkaadaamii itti gaafatamaa muummee barnootaatiin dhiyaatee koree manajimantiin erga mirkanaa'ee booda xalayaan ramaddii Diinii Kolleejjichaatiin kan kennamu ta'a, 16 Aangoo fi Hojii Komishinii Akkaadaamii Kolleejjotaa Itti waamamni tokkoon tokkoon Komishinii Akkaadaamii Kolleejjotaa koree	ይኝላል፡፡ 13.የኮሌጆች የማኔጅመንት ኮሚቴ ሥልጣንና ተግባር የአያንዳንዱ ኮሌጅ የማኔጅመንት ኮሚቴ ተጠሪነቱ ለቦርዱ ሆኖ የሚከተሉት ሥልጣንና ተግባራት ይኖሩታል 1) የኮሌጁን የስራና የበጀት አቅድ በማየት ለሚመለከተው አካል እንዲቀርብ ያደርጋል፡፡ ሲጸድቅም ሥራ ላይ ያውላል፤ 2) በደረጃው ሊወሰኑ በሚገባቸው ጉዳዮች ላይ ውሳኔ ይሰጣል፤ 3) የኮሌጆች ህግና የዲ.ሲ.ፕሊ.ን ስርአት ተከብሮ፤ የመማር-ማስተማሩ ሂደት ዲ.ሲ.ፕሊ.ን ተጠብቆ በተረጋጋ ሁኔታ እንዲካሄድ ያደርጋል፤ 4) የተማሪዎችን፤ የሰራተኞችንና የመምህራንን ስነምግባር በተመለከተ በዲ.ሲ.ፕሊ.ን ኮሚቴ የሚቀርብለትን የውሳኔ ሀሳብ መርምሮ ያፀድቃል፤ 5) የስራ አፈጻጸም ዘገባ ለ ቢሮና ለቦርዱ ያቀርባል፤ 6) ኮሌጁ ከሌሎች የትምህርት ተቋማት ጋር የሚያደርጋቸው ግንኙነቶች እንዲጠናከሩ ምቹ ሁኔታዎችን በማጥናት ለቦርዱ ያቀርባል፤ ሲፈቀድም ስራ ላይ ያውላል፤ 7) የመምህራንን የሽልማትና የደረጃ እድገት በማጥናት ለቦርዱ ያቀርባል፤ ሲፈቀድም ስራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤ 8) የሥራ ሂደት ባለቤቶችን ምርጫ በማካሄድ ለቦርድ ያቀርባል፤ 9) የትምህርትና የሥልጠና ችግሮችን በማጥናት ለቦርድ ያቀርባል፤	process owners and present to the board, 9) Study and present to the board problems concerning education and training, 10) Carry out other activities given to it by the board. 14. Members of Academic Commission of the College Each academic commission of the colleges shall have the following members: 1) Dean of the College chairperson, 2) Process Owner of Training Secretary, 3) Stream Heads Members, 4) Two people from Regular Students' Council's Members (one should be female), 5) A regular academic staff nominated by management committee Member. 15. Selection Criteria of Academic Commission Members 1) Members of academic commission shall be selected by the following criteria:- (a) Those who have good work discipline, (b) Those who have initiation and commitment for change and can be good exemplary and
---	---	--

